| | |
|---|---|
| **Qajeelcha Poolisii Minapolis**<br>**Manuwaalii imaammataafi Adeemsa** | Lakkoofsa:<br>9-200 |
| **Jildii sagal – Imaammata raawwii** | |
| **Sakatta'insaa fi Qabuu** | |

## 9-204 Ifatti Waraabuufi Sochiilee Poolisii

(05/05/16)

### I. Kaayyoo

Kayyoon imaammata kanaa mirga heeraafi seeraa lammiileen suuraa, sagaleefi viidiyoo waraabuuf qabaniif beekamtii kennuufi kabajuudha. Imaammatni kun hojjettootni wayita waraabaman haala qabinsaa hordofuu qabaniif qajeelfama kenna.

### II. Imaammata

**A.** Qajeelchi Poolisii Minneapoli miseensi hawaasaa mirga 'First Amendment' mirga ifa ta'e labseen Poolisiin wayita hojii isaarra jiru bakka kamittuu, haala hojiisaatti danqaa hin taaneen waraabuu danda'u isa jedhuuf beekamtii ni kenna. Poolisiin miseensi hawaasaa wayita inni/isheen hojiirra jirtu mara argaa akka jiruufi tariis waraabaa akka jiru tilamaamuu qaba.

**B.** Poolisiin namoota, bakkeewwan, gamoowwan, ijaarsotaafi ta'iiwwan waraabuun baratamaafi seera qabeessa akka ta'e baruu qaba. Namni tokko bakka jiraachuun maluuf irraa, suura yookaase ykn yoo waraabe, gochi kun mataa isaatiin gochaa shakkisiisaa jedhamuu hin danda'u.

**C.** Iddoo hawaasaaf banaa ta'ee, hawaasni akka miseensa miidiyaatti mirga suura kaasuufi waraabuu qaba. Namni kamuu sochii poolisii dabalatee ta'iiwwan waraabuuf ragaa ''press'' qabaachuufi agarsiisuuf hin gaafatamu.

**D.** Poolisiin, sochii poolisii waraabuun sirrii miti, hayyama barbaachisaykn hayyama poolisii waraabamuu gaafachuu barbaachisa jedhee namatti himuu hin qabu.

**E.** Ajaja mana murti malee meeshaalee 'First Amendment' jalatti hayyama qaban(suura, viidiyoo fi kkf)to'achuun mana murtiitti nama qorachiisa, akkasumas 'Fourth Amendment' jalatti sababamaleessummaa sadarkaa olaanaadha.

**F.** Hojjettootni, kaameraa ykn meeshaalee waraabbii nama kamuu ta'an ykn to'ataman ykn namni fedhaan kenne irraa faayila, waraabbii sagalees ta'e viidiyoo haquu,ykn namni kamuu akka haqu gaafachuu hin qaban. Gochoota kana raawwachuun 'First, Fourth fi Fourteenth Amendment' akka sarbuutti lakkaawama.

## III. Hiika

**Hojiilee Poolisii:** Hojiilee Poolisiin bakkee hawaasaaf banaa keessatti hojjetu keessa nama to'achuun, sakatta'iinsa gochuu, hidhuu fi human fayyadamuun ni jira.

**Bakkee Hawaasaa Banaa:** Bakkeen hawaasaaf banaa jedhamu paarkiiwwan, bakka lafoo irra deeman, daandilee fi bakka mormiin itti adeemsifamu kan dabalatu ta'us, kanneen qofa miti. Mirgi waraabuu manneen jireenyaafi daldalaa dhuunfaa, bakkeewwan hawaasa maraaf banaa ta'an, gamoowwan dhuunfaa fi bakka nama dhuunfaafi hawaasaa namni tokko itti argamuun mirga isaa ta'ee ni dabalata.

## IV. Adeemsa/ Seerota

### A. Waraabbii sochii Poolisiif deebii kennuu

1. Hojjetaan wayita lammiin tokko bakka argamuun irra jiruu suura yoo kaasu, sagalee ykn viidiyoo wayita waraabu arge kanneen **gochuu hin qabne**:

    a. Namni sun waraabuu akka dhaabu/dhaabdu ajajuu;

    b. Eenyummaa nama Sanaa gaafachuu;

    c. Lammiin kun sababa waraabuuf/waraabduuf akka dhiyeessu gaafachuu;

    d. Nama kana sababa waraabbii raawwateeef/raawwatteef hidhuu ykn qorachuu;

    e. Meeshaalee waraabbii ta'e jedhanii danquu ykn gufachiisuu;

    f. Nama waraabbii gaggeessu karaa kamiinuu sodaachisuu, hiraarsuu ykn hamilee buusuu.

2. Mirgi waraabbii gaggeessuu, lammiin hojii Poolisii gidduu akka seenuuf mirga hin laatuuf. Namni tokko yakka akka feeteen Poolisii nageenyaa gaafatama seeraan kennameef bahachuutti jiru adda kuchisiise, danqe, gufachiise ykn gidduugale badii raawwateera.

    a. Namni fageenyarraa poolisii hojii isaa raawwatu, gocha hojicha danqu kamuu ykn nageenya poolisii yaaddessu osoo hin raawwatiin yoo waraabe, gidduu seenuu hin ta'u.

    b. Namni tokko bakka nageenya poolisiif yaachisaa ta'e ykn hojii danqu ykn ammoo hojii isaanii raawwachuuf beekumsa qaban akka hin fayyadamne daangessurraa sochii jiru waraabaa yoo ta'e, poolisiin namni sun bakka hin danqinetti akka siiqu qajeelchuu danda'a. Poolisoonni namni sun waraabuu akka dhaabu ajajuu hin danda'an.

    c. Namni tokko bakka miseensa hawaasaa danqu ykn nageenyaaf yaachisurraa sochii waraabaa jira yoo ta'e, poolisiin namni sun bakka hin danqinetti akka siiqu/siiqxu

qajeelchuu danda'a. Poolisoonni namni sun akka hin waraabne dhaabsiisuu hin danda'an.

d. Lammiileen gocha Poolisii mul'achaa jiru irratti qeeqa kennuuf mirga qabu. Yaadni dhiyaate hanga nageenya Poolisii kamuu, shakkamaa ykn nama dhaabatee ilaalu rakkoo keessa hin galchinetti akkasumas seera hin cabsine ykn kanneen biroo seera akka cabsan hin kakaafnetti, gidduu seenuu hin jedhamu.

e. To'achuu

   i. Bakka hawaasaaf banaa ta'etti to'atamuun nama Poolisii waraabaa jiru, haqa-qabeessa, waraabbicha wajjin haala wal-hin qabanneen seera cabsuu ifa ta'e wajjin walqabachuu qaba. Gochaan waraabuu, to'atamuufi hidhamuuf bu'uura hin ta'u.

   ii. Sana gochuun nageenyaaf hin yaaddessu yoo ta'e, Poolisoonni dhorkaa kamuu kaahuun **dura** supparvaayizara isaanii bakka ta'ii kanaatti waamuun, Supparvaayizarri gocha kanaan walqabateen to'annoo jala oolchuuf hayyama kennuu qaba.

   iii. Haala dhiibbaa qabu jalatti osoo Supparvaayizarri hin qaqqabiin to'annoo jala oolchuun raawwatameera yoo ta'e, hanga Supparvaayizarri qaqqabee to'atamuu kana mirkaneessutti namni to'atame gara bakka tursiisaa ykn mana hidhaatti hin geeffamu/hin geeffamtu.

   iv. Nama to'achuun, meeshaalee waraabbii ykn miidiyaa nama sanaa ajaja mana murti malee sakatta'uuf sababa addaa ta'uu hin danda'u. Wayita to'annoo jala oolchuun raawwatu meeshaalee kanas to'achuun ni jiraata, haata'u malee faayiloota ykn waraabbiiwwan daawunlood gochuun, ilaaluun ykn fudhachuun hayyama sakatta'uu qabaachuu gaafata.

**B. Qabinsa ragaa meeshaa waraabbiirra jiruu**

1. Lammiileen qabiyyeewwan bilbiloota mobaayilaafi meeshaalee waraabbii isaanii keessa jiru icciitiin isaa eegamaa ta'uusaarraa abdii guddaa qabu. Bakka qaamni waraabbii gaggeesse hin jirretti, meeshaaleen waraabbii fudhatamuu hin danda'an.

   a. Poolisoonni namni tokko sochii Poolisii waraabame akka agarsiisu ajajuu hin danda'an.

   b. Meeshaa waraabbii nama tokkoo ilaalchisee Poolisiin tarkaanfii fudhachuu dura Supparvaayizarri beeksifamuu qaba, kunis fedhaan akka sakatta'amu hayyama gaafachuufi meeshicha fudhachuu dabalata.

2. Haala sababaan amansiisaa ta'een miseensi hawaasaa ragaa yakka hamaa waraabeera jedhee Poolisiin yoo amane Supparvaayizarri atattamaan dhimmichaaf deebi akka laatu gaafachuu ni danda'a.

a. Hayyamni Supparvaayizaraa yoo jiraate, Poolisiin nama abbaa meeshichaa ta'een Poolisiin meeshaa waraabbii sana akka fudhatuufi akka ragaatti akka fayyadamu fedhaan hayyama akka kennu/kennitu gaafachuu danda'a.

   i. Poolisichi haala ifa ta'eenis ta'e dhokataa ta'een hayyamni akka kennamu dirqisiisuun meeshaa waraabbii kamuu ta'e odeeffannoo irra jiru fudhachuu hin qabu.

b. Namni sun waraabbiifi meeshaa waraabbii fedhaan kennuu yoo dide/diddee fi Poolisiin haala sababa irratti hundaa'een waraabbichi ni balleeffama, ni dhabama, ni jijjiirama ykn hayyamni osoo hin argamiin dura hojiin ala godhama jedhee yoo amane/amante, Supparvaayizara ni beeksisa.

   i. Supparvaayizarri haalicha xiinxalee, hayyama malee meeshaa san to'achuuf haalli dhiibbaa geessisu jiraachuufi dhiisuurratti murteessa.

      aa. Meeshaa san to'achuun ragaa isaa eeguuf jecha tarkaanfii yeroodhaaf fudhatamu malee, poolisiin yeroo dheeraa hin turretti ragaa meeshichaa to'achuuf hayyama ni argachuu mala.

      ab. Waraabbii qorachuufi koppii gochuuf hayyama argachuun dirama ta'a. ni barbaachisa, tartiibni to'annoos ifatti galmeeffamuu qaba.

      ac. Waraabbiin sun ykn meeshaan waraabbii akka ragaatti ilaalamuu danda'a (P/P 10-400 ilaali) akkasumas buufatni daawunloodii DIMS ragaalee deebisanii argachuuf fayidaarra hin oolu ( P/P 4-217 ilaali).

c. Haala dhiibbaa qabu keessatti Poolisiin du'a ykn miidhama hambisuuf waraabbicha atattamaan sakatta'uun ni barbaachisa jedhee yoo amane/amante, Poolisiin sun Supparvaayizara beeksisuu qaba.

   i. Supparvaayizarri haalicha xiinxalee, hayyama malee meeshaa san to'achuuf haalli dhiibbaa geessisu jiraachuufi dhiisuurratti murteessa. Supparvaayizarri sun Poolisiif hayyamni sakatta'uu kennamuu mirkaneessa.

   ii. Suuronni, viidiyoowwan ykn waraabbiiwwan akka ragaatti ilaalamanii to'atamaniifi haala dhiibbaa geessisuun wal-hinqabanne hamma hayyamni sakatta'uu hin argamnetti hin ilaalaman.

d. Meeshaaleen waraabbiifi miidiyaa mana hidhaatti geeffaman yeroo atattamaa deebisuun danda'amutti deebi'uu qabu.

e. Hojjettootni waraabbiiwwan lammiileerraa argaman ilaalaniifi caqasan ykn qorannoo foorensiikii waraabbiiwwaniifi meeshaalee waraabbii hojjetan, qabiiyyeewwan ragaa ta'uu danda'an ilaalaa akka jiran mirkaneessuu qabu. Hojjettootni qabiyyeewwan qorannoo adeemuuf hin barbaachisne qorachuurraa of qusachuu qabu.